



# Gatii humna ifaa if irraa baasuu si rakkisee?

Yeroo barbaadetti gargaarsi ni jira

## Gatii humna ifaa kee if irraa baasuu

Gatii humna ifaa kee of irraa baasuun yoo si rakkise akka itti gatii isaa if irraa baastu gargaarsa ni jira. Qanxabaa humna ifaa (energy retailer) kee itti bilbiluu qofa si barbaachisa.

Victoria keessa, namoota gatii ifaa if irraa baasuu hin dandeenye akka qanxabaan humna ifaa gargaaraniif mootummaan seera ni qaba.

**Humniti ifaa sirraa kutamuun hin danda'amu yoo haalli sadeen asii gaditti tarrifame kana keessaa tokkolleen ka si laalchifatu tahe:**



Gatiin humna ifaa si irra jiru \$300 gadi yoo tahe



Gatii humna ifaa hordoftee yero yeroo irratti kan of irraa baasa jirta yoo tahe



Gatii Gargaarsa maallaqa Humna Ifaaf iyyattee jirta yoo tahe

## Karoori kafaltii (Payment plans)

Gatii if irraa baasuuf kara mijjaawaa dha. Karoorri kafaltii xixiqqeessitee fi yero yerootti if irraa baasuuf si gargaarsa. Fakkeenyaaaf, baatiitti guutummaa isaa baasuu irra torban lama lamaan yero yerootti if irraa baasuu. Karoora kafaltii (payment plan) irra yoo if keesse maallaqa dabalata si baasisu hin qabu.

## Enter peyi (Centrepay)

Yoo maallaqa Centrelink irraa argatta tahe kan sududaan akka si irraa muramu kan ati taasisuu dha. Senter peyi (Centrepay) s tollee fi maallaqa Centrelink irraa argattu irraa akka muramee kaffalamu kan taasisuu dha. Akka itti kana tolchattu qanxabaa humna ifaa keetti dubbadhu.

## Gargaarsa Maallaqaa Gatii Humna Ifaa (Utility Relief Grant)

Namoota kaardii konseshinaa qabanii fi rakkoon maallaqaa isaan argatee gatii humna ifaa if irraa baasuu dadhaban maallaqa \$650 gargaara.

## Gatii humna ifaa kan duraa irraa gatiin yoo ana irra jiraate akkam taha?

### Gatii humna ifaa marsaa itti aanuttin if irraa baasa:

Qanxabaa humna ifaa kee itti bilbili gatii humna ifaa duraan osoo hin baasin si jala dabre akka itti baastu irratti karoora baasii qindeessadhu.

Karoori if irraa baasii gatii humna ifaa kan ati wagga lamaaf hin baasin jirtu of irraa baasuu kan si dandeessisu dha.

### Gatii humna ifaa itti aanu of irraa baasuu hin danda'u:

Qanxabaa humna ifaa kee itti bilbili. Kan si gargaaruu isaan barbaachisu:

- Yero yerootti hangam akka if irraa baasuu dandeessu qindeessadhu
- Gatii humna ifaa duraan si irra jiru gara kan ammaatti akka si duraa hin eda'amne if irraa tursi
- Karoora humna ifaa rakasha mana keetif tahu kam akka tahe himadhu
- Gatii hir'isa humna ifaa (concession) fi gargaarsa maallaqaa argadhu

## Gatiin human ifaa duraa ana irra hin jiru, garuu kan itti aanu yoo ani hin baasu tahe akkam taha?

Qanxabaa humna ifaa (energy retailer) kee itti bilbili karoora ittiin baastu irra akka si kaayan ykn hanga yoomiitti akka if irraa baastu akka siif dheeressan gaafadhu. Kan si gargaaruu isaan barbaachisu:



Maallaqa hanga ati yero yerootti if irraa baasuu dandeessu siif qindeessuu



Mana keetiif karoori humna ifaa inni kam rakasha akka tahe gorsa gaafadhu



Gatii hir'isa humna ifaa fi gargaarsa maallaqaa argadhu

## Yeroo ani barbaadutti qanxabaan humna ifaa kiyyaa ana hin gargaaru yoo tahe akkam taha?

Tiksituu Humna Ifaa fi Bishaanii (Energy and Water Ombudsman) itti bilbili. Tiksituuun (Ombudsman) tajaajila tolaa kan waldhabbi hiikuuf gargaaruu dha. Lakoysa yeroo bilbiltu **1800 500 509** gatii humna ifaa qopheessii if harkaa qabaadhu.